XIINXALA WALDHABBII ASOOSAMA DHEERAA ILKEE ARRABAA

GAMMADEE TAARREQENY

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILAR-AARTIIAFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUNNAMTIIGMISAAN GUUTTACHUUF DHIIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII
KOLLEJJII NAMOOMAA ,QO'ANNOO,AFAANOTAA,
JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTI, YUUNIVERSIITII FINFINNEE

FULBAANA, 2014/2021

FINFINNEE

XIINXALA WALDHABBII ASOOSAMA DHEERAA ILKEE ARRABAA

GAMMADEE TAARREQENY

GORSAAN: LATAA FAYYISAA (MA)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILAR-AARTIIAFAAN OROMOO,OGBARRUUFI QUNNAMTIIGMISAAN GUUTTACHUUF DHIIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII KOLLEJJII NAMOOMAA ,QO'ANNOO,AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTI, YUUNIVERSIITII FINFINNEE

FULBAANA, 2014/2021.

FINFINNEE

Galata

Humdumaa dursee kallattii hundumaan bu'aa bayii jireenyaa ani dabarse humda keessatti humna, gargaarsa,nagaa,obsa,dandeettiifi waan hundumaa isa naaf ta'e waaqayyoof galanni ani qabu daanga maleessa.Itti aansuun hojii qorannoon geggeessaa ture kana keessatti hojiin koo kun fiixaan ba'umsa akka argatuuf muuxannoofi ogummaa qabaniin yeroo isaanii haarsaa gochuun kan naqajeelchaa turan gorsaa koo Mr.Lataa Fayyisaa guddaan galateeffadha.Dabalataanis barnootakoo kan sadarkaa kanaa baradhee akkan xummuruuf ,yeroo tokkollee sidadhabeera osoo hin jedhiin ofii daaranii natti uffisuun,ofii beela'anii nanyaachisuun ,akkuma kana yaada isaaniin najajjabeessa kan turan maatiiwwan koo guddaa godheen galateeffadha.

Axereeraa

Kaayyoon gooroo qorannoo kana goosota waldhabbii asoosama dheeraa Ilkee Arrabaa jedhu keessatti argaman adda baasuun qaaccesssuudha.Milkaa'ina kaayyoo kanaafis kitaaba assoosama "ilkee arrabaa"jedhu bifa sakatta'a dokumentiin sakattameera. Qorannoon tokko mala ottiin adeemsifamu qaba.Qorannoo kunis mala qorannoo akkamtaatti gargaaramuun kan adeemsifamedha.Akkasumas mala iddatteessuu keessaa immoo miti Carrara(non probability) keessaa akkayyootti fayyadamuun kan geggeeffamedha.Gosoonni waldhabbii asoosama kana keessatti argamanis lakkoofsaan sadiidha.Isaanis:Waldhabbii qooddataafi qooddataa,waldhabbii qooddataafi sammuu isaafi waldhabbii qooddataafi uumamaati.Haaluma kanaan gosoonni waldhabbii kun kaayyoowwan gooree qorattuun kun kaayyeffattee kaate irratti hundaa'uun walduraa duubaan xiinxalamee jira.Dhuma irrattis qorattuun kun guduunfaa,argannoowwaniifi yaadota furmaataa keessee jirti

Baafata

QABIYYEE FUULA

Galata i
Axereeraa ii
Baafata iii
Boqonnaa Tokko 1
1.1 Ariirrata Qorannichaa 1
1.2 Ka'umsa Qorannichaa 2
1.3 Kaayyoo Qorannichaa 3
1.3.1 Kaayyoo Gooroo 3
1.3.2 Kaayyoo Gooree 3
1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa 3
1.5 Daangaa Qorannichaa 3
1.6 Hanqina Qorannichaa 3
1.7 Saxaxa Qorannichaa 4
1.7.1 Maddaa Ragaalee 4
1.7.2 Meeshaalee Funaansa Ragaalee 4
1.7.2.1 Sanada Sakatta'uu 4
1.7.3 Tooftaalee Xiinxala Ragaalee 4
1.8 Qindeeffama Qorannichaa 5
Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu 6
2.1 Maalummaa ogbaruu 6
2.2 Goosota ogbarruun 6
2.2.1 Ogbarruu barreeffamaa. 7
2.3 Asoosama 7
2.3.1 Asoosama dheera 8
2.3.2 Asoosama Gabaabaa 8
2.4 Caacculee Asoosamaa 9
2.4.1 Jaargocha 9
2.4.2 Kallattii seenessuu 9
2.4.3 Waldhabbii 9
2.4.4 Yoomessa 10
2.5 Maalummaa waldhabbii 10
2.5.1 Akaakuuwwan Waldhabbii 12
2.5.2 Waldhabbii keessaa 13
2.5.3 Waldhabbii xiinsammuu 13
2.5.4 Waldhabbii Alaa 14

2.5.5 Waldhabbii Hawwaasaa. 15
2.5.6 Waldhabbiin namaafi nama gidduu 15
2.5.7 Wadhabbii Namaaf Uumamaa 16
2.6 Faayidaa Waldhabbii 16
2.7 Amaloota Waldhabbii 17
2.7.1 Tokkummaa 17
2.7.2 Amanamummaa 17
2.7.3 Dagaagina 18
2.8 Sakatta'a Barruu Walfakkii 18
Boqonnaa Sadii: Dhiyeessaafi Xiinxala Ragaalee 21
3. Ibsa Gabaabaa Waa'ee Asoosama Ilkee Arrabaa 21
3. 1 Xiinxala Waldhabbii Asoosama Ilkee Arrabaa 22
3.1.1 Waldhabbii namaaf namaa 22
3.1.2 Waldhabbii Damee, Baayisaafi Yaadashii 22
3.1.3 Waldhabbii Obbo Girshaafi Boonsaan 24
3.2.1 Waldhabbii Boonsaa,Meeroniifi Margaa 24
3.3 Waldhabbii namaaf Uumamaa 25
3.3.1 Dameefi Baayisaa 25
3.4 Waldhabbii Xiinsammuu 26
3.4.1 Boonsaa 26
3.4.2 Boonsaa 27
3.5 Amaloota Waldhabii Asoosama Ilkee Arrabaa 27
3.5.1 Tokkummaa 28
3.5.2 Amanamummaa 28
3.5.3 Dagaagina 29
3.6 Hariiroo Waldhabbiif Ergaa Asoosamichaa gidduu jiru 29
Boqonnaa Afur: Guduunfaa, Argannoofi Yaada Furmaataa 31
4.1 Guduunfaa 31
4.2. Argannoo 31
4.3. Yaada Furmaataa 32
Wabiilee /Reference 33

Boqonnaa Tokko

1.1 Ariirrata Qorannichaa

Dhalli namaa jiruuf jireenyasaa keessatti mudannoowwan addaa addaa keessa darbuun akka jiraataa tureefii jiraachaa jiru beekamaadha.Kana jechuun immoo kanneen akka gaddaa,gammachuu ,jaalala,jibba,argachuu,dhabuufi kkf isaan mudata.Mudannoowwan isaa kan ittin ibsatu keessaa tokko ogbarruudha.Ogbarruun ogummaa kalaqa sammuu ta'ee kan muuxannoo jiruuf jireenyaa akka qabataamutti miidhagsinee ,faayinee ittiin calaqqisiifnudha.

> Melaaknesh(1992:1)Ogbarruu too ibsu." Literature is a creative work of art when she express truth of experience in term of beauty to be comprehended ideas of intellectual and social significance "jechuun ibsa.
> Yaaduma kana ilaalchisee Zarihun(1992:142)akka jedhutti ogbarruun kandhalli namaa mudannoo isaa ittiin ibsatu, aadaa isaa ittiin calaqqisiisu,kalaqa afaanii ykn kalaqa barreeffama jechuun ibsee jira.

Ogbarruu bakka gurguddoolamatti qoodnee ilaalla.isaanis:ogbarruu barree famaafii ogbarruu afoolaati.Yaada kana ilaalchisee Asaffaa(2009)akka jedhutti ogbarruun kalaqa sammuu ta'ee jechoota filatamoodhaan yaada barbaadan afaanis ta'ee barreeffamaan miidhagasee,mi'eessee kandabarsudha jechuun ibsee jira.Yaada kanarraakan hubatamu dhalli namaa dandeettii kalaqa sammuu isaa irratti hundaa'uudhaan jechoota filatamoo ta'an barreeffamaafi afaaniin kana jechuun ogbarru barreeffamaafi ogbarruu afoolaatti dhimma bahuun ergaa waliif kan dabarsu ta'uu isaati.

Ogbarruun barreeffamaa bakka gurguddoo sadiitti qoodama.Isaanis:Asoosama,Walaloofi Diraamaadha.Asoosamni gareewwan ogbarruu jiran keessaa is a tokkodha.Yaada kana Asaffaa Tafarraa (2009:36)Wabeeffachuun yommuu ibsuu gooroowwan ogbarruu keessaa asoosamni,diraamaafi walaloon isaan gurguddoodha jedha.Yaadni ku n ogbarruu gooroowwan gurguddoo sadii akka qabu akkasumas asoosamni gooroowwan sadeen kanneen keessaa tokko akka ta'ee kan ibsudha .Kana males asoosamni caaccuulee garaa garaakanneen akkajaargocha,waldhabbii,yoomessa, ergaa,qooddattootaafi kkf ofkeessaa qaba.

Yaaduma kanarratti hundaa'uun caacculee armaan olii keessaa qorattuun qorannoo kanaa kan irratti xiyyeeffattu waldhabbii asoosama dheeraa mata dureen isaa Ilkee Arrabaa jedhurrattti xiyyeeffata.Waldhabbii walitti bu'iinsa humnota walgitan lama gidduutti taasifamudha.Kana jechuun walitri bu'iinsa yaada qaamoota walmorman gidduutti uumamudha.Yaada kana Taaddasaan(2006:19)yommuu ibsu "Conflict is the tension instiantion between character or actual opposing between the character usually in drama" Novel and short"jedha.Yaada kanarraa kan hubannu waldhabbii taatee haala wayii keessatti qooddattoota gidduutti keessattuu diraamaa asoosama dheeraafii gabaabaa keessattti ballinaan kan uumamu akka tayedha.

1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Ogbarruuwwan oromoo ilaalchisuun hanga ammaatti qorannoowwan yeroo garaa garaa keessatti adeemsifamaa kanturaniifii ammallee adeemsifamaa kanjiradha.Qorannoon kunis kallattiiwwan garaa garaatiin kan geggeeffamu yoo ta'uargannoowwan garaa garaa kan argamaniidha.Goosota ogbarruu keessaammoo asoosamni is a tokkodha .Innis dhimma ijoo hawwaasa keessa jiru kan calaqqisiisudha.Asoosamni furiiwwan garaa garaa kannen akka jaargocha, namfakkiilee, waldhabbii, yoomessaafi kkf ofkeessati qaba.Kanneen keessa waldhabbii irratti qorannoon baayyeen adeemsifamaa baatullee asoosamoota tokko tokko irratti amma tokko qoratameera.

Haata'umalee qorannoowwan sun qofti ga'aadha Jenneebira darbuun quubsaa miti.Sababni isaas erga qorannoon geggeeffamee as asoosamni yeroodha garaa garaa yerootti mullachaa waan jiruuf yeroo kenname wajjin deemuu waan danda'uuf,akkasumas namni mata duree kana keessa waldhabbii irratti xiyyeeffatee Waal hinjirreef mata duree "Xiinxala waldhabbii asoosama dheeraa Ilkee Arrabaa" jedhu irratti hojjechuuf kaka'umsa fedhii guutuu horadheera.

Qorannoowwan kana keessattis kanneen deebii argatan kanneen armaan gadiiti.Isaanis:

√ Maalummaan waldhabbii asoosama Ilkee Arrabaa kessa jiru maali?

√ Amaloonni asoosama IlkeeArrabaa keessatti argamanii maali?

√ Hariiroon ergaa fi waldhabbii asoosama Ilkee Arrabaa gidduu joru maali?

1.3 Kaayyoo Qorannichaa

Hojiin kamiyyuu yeroo hojjeetamu kaayyoo mataa isaa qaba.Qorannoon kun kaayyoo gooroofi kaayyoo gooree irratti hundaa'uun kan adeemsifamudha.

1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon waliigala Qorannaa kanaa waldhabbii kitaaba asoosama dheeraa "Ilkee Arrabaa" jedh xiinxaluudha.

1.3.2 Kaayyoo Gooree

√ Waldhabbiiwwan asoosama dheeraa ilkee arrabaa keessatti argaman xiinxaluu

√ Amaloota waldhabbii asoosama dheeraa ilkee arraba a keessatti argaman xiinxaluu

√ Hariiroo ergaa asoosamichafi waldhabbii asoosamicha gidduu jiru xiinxaluu.

1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun qoratame yommuu xummuramu faayidaawwan armaan gadii nii qabaata jedhamee amanama.Isaanis:- Cimina waldhabbii Ilkee arrabaa hamma tokko lafa kaa'u.Barreessitoonni odeeffannoo gama waldhabbii hamma argatan yaadachiisa.Dagaagina ogbarruuwwan afaan oromoo iddoofi bakka guddaa akka qabaatu taasisa.Dhaloonni boodaa maalumma waldhabbii amma tokko akka hubataniif kan gargaarudha.Waldhabbiin maal akka ta'e dhaloota boodaaf amma tokko daandii kan qajeelchudha.

1.5 Daangaa Qorannichaa

Qorannoo tokko daangessuun hojichi bu'a qabeessaafi odeeffannoo ga'aa ta'e akka argamsiisuuf gargaara.Kanaaf qorannoon kun kan adeemsifamaa xiinxala waldhabbii Ilkee arrabaa jedhurratti kan xiyyeeffatedha.Mata dure kana kanan daangesseef firiiwwan ykn dhimmoota askeessa jiran si'a tokkoon xiinxaluuf yeroonis ta'e baajataan waan hin mijanneefidha.Kanaafuu xiinxala Waldhabbii asoosamichaa qofaarratti kan xiyyeeffatedha.

1.6 Hanqina Qorannichaa

Adeemsa qorannoo tokko geggeessuu keessatti hanqinaaleen garaa garaa nama mudatu.Haaluma Kanaan,adeemsa qorannoo kana geggeessuu keessatti hanqinoonni qorattuu kana mudatan

kanneen armaan gadiiti.Hanqinoota kanneen keessaa inni tokko hanqina yerootiYeroon qorannoon kun itti hojjetame,yeroo barnootaa keessa waan ta'eef,gama kanaan hanqinni qorattuu kana mudatee ture. Haata'umalee qorattuun yeroo boqonnaa isheetti gargaaramtee rakkoo kana jala dabarteetti.Hanqinni inni biroon immoo,hanqina kitaabileefi waraqaa qorannoo sadarkaalee barnoota garaa garaa irratti hojjetaman dhabamuudha.Rakkoon kun kitaabilee afaan oromoo kanneen mata duree kana irratti odeeffannoo bal'aa akka hin arganne kan taassise ture.Haata'umalee hanqinoota kanneen kitaabilee argamanitti dhimma bahuun qorannoo ishee geggeessiteetti.

1.7 Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun kan irratti adeemsifame waldhabbii asoosama dheeraa" Ilkee Arrabaa "jedhu keessatti argaman sakatta'uun dhiiyeessuu irrattidha.Qorannoon adeemsifame kun Boca qorannoo keessa qorannoo sakkatta'a galmee/document analysis /kan walqabatu yoota'u ,malli qorannoo kanageeggeessuuf dhimma itti ba'ame mala qorannoo al lakkoofsawaati.

1.7.1 Maddaa Ragaalee

Goosa qorannoo kanaaf madda ragaa kan ta'an kitaabota,babarruulee garaa garaa,Asoosama kitaaba Ilkee Arrabaa,waraqaa qorannoofi kkf ta'uu danda'u kanauma bu'uura godhachuufi kitaaban qorannoo irratti geessu akka madda ragaa tokkoffaatti fayyadamuun qorattuun kunis qorannooshee adeemsiftee jirti.

1.7.2 Meeshaalee Funaansa Ragaalee

1.7.2.1 Sanada Sakatta'uu

Qorattuun waldhabbii asoosama Ilkee Arrabaa keessatti mullatan xiinxaluun dhiyeessuuf mala funaansa ragaalee keessaa tokko kan ta'e sakattaa galmee fayyadamuun qorannoo ishee geggeessitee jirti.Malli kun mala qorattuun raagalee qorannoo ishee fuunaannachuuf itti fayyadamte keessa isa tokkodha.

1.7.3 Tooftaalee Xiinxala Ragaalee

Qorattuun kun qorannoo ishee keessatti ragaalee argatte mala xiinxala ragaalee jirankeessaa mala al lakkoofsawaatiin xiinxaltee jirti.Sababni qorattuun kun mala al lakkoofsawaa kan

filatteef odeeffannoon isheen iddatoo irraa argatte lakkaawamuu ykn bifa Lanka of saw a at I in ta'uu hindanda'u waan ta'eefi.

1.8 Qindeeffama Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaa afuritti qoodamuun dhiyaate.Boqonnaan tokkoffaan seensa qorannooti.Isa keessattis :qabxiilee bu'uuraa qorannoo kana at I dhiyaate.Boqonnaan lammaffaan immoo sakatta'a barruuti.Isa keessattis :yaaxinaalee mata duree kana wajjin walqabatantuu tuqame. Boqannaan sadeeffaan xiinxala ragaati.Isakeessattis:Ragaaleen funaanaman yaaxinaalee sakatta'a barruu keessatti ka'aniin xinxalamuun agarsiifameera. Boqonnaan arfaffaan cuunfaadha.Is a keessatti:bu'aa qorannoon kun irra ga'etuu gabaabinaan dhiyaate.Dhumarratti wabiin ragaalee askeessitti tuqamanii eeramaniiru.

Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu

2.1 Maalummaa ogbaruu

Ogbarruun hojii kalaqa sammuu namaatiin uumamee haala miidhagina qabuufi sammuu namaa quuqee gochaaf nama kakaasuun barreeffamee kan dhiyaatudha. Ogbarruun igummaa kalaqaa ta'ee kan muuxannoo jiruuf jireenya haqaa irratti ittiin bu'uuressinu,barreessinu,ammas akkam qabatamutti miidhaginaan faayinee ittiin ibsina kunis mala ittiin waan hawaasaaf bu'aa qabu tokko ittiin waliif galaafnu jechuudha.(Asaffaa Tafarraa 2009:21).Akkam ibsa hayyuu kanaatti ,Ogbarruun hojii kalaqaa ta'ee, muuxannoo jiruuf jireenya addunyaa dhugaa keessatti waantota hawaasaaf faayidaa qabuufi miidhagina qabu ibsudha.Kana males ogbarruun waa'ee ofii keenya ykn waayee nama biroo namaan qindaa'ee dubbisaaf bifa daawwitiin ykn dhageettiin kan nuuf dhiyeessu,kan nudaawwachiisudha.

Kana males,bu'aa ba'ii dhalli namaa keessa ture,kan amma keessa jiruufi kan gara fuuldurattis isa mudatu ibsuuf ,tilmaamuuf akeekkachiisa kenna.Rakkoowwan hawaasaa keessa jiran ifa gochuun saaxila baasaa haawasaaf gorsa keennuun gochaa hamaarraa akkam of eeganiifillee nifayyada.Melaakneesh Mangistuu(2006:48)irratti yommuu ibsu,"Literature is the cultural heritage of the people, it is recorded of man in in diversity of forms at various levels scholar ship,"jedha.Kana jechuunis ogbarruun dabarsa aadaa uummataa,gaalmee jiruuf jireenya ilmaa namaafii kan namoota hubannoo ,beekumsa, muuxannoofi sadarkaa addaa addaa qaban ta'uu isaa nu hubachiisa.

2.2 Goosota ogbarruun

Ogbarruun ballinaafii uumama isaatiin too ilaalame bakka gurguddaa lamatti qoodama.Isaanis:Ogbarruun barreeffamaafi ogbarruu afoolaati.Yaada kana ilaalchisee Zamad(2012:10)waraqaa qorannoo isaa keessatti Fedhasaa(2013)wabeeffachuun yoo ibsu ogbarruun hojii kalaqa afoolaafi barreeffamaa hammatudha.Ogbarruun kalaqa sammuu dhala namaa ta'ee ogummaa,dandeettii,aadaa,falaasamaafi haala jiruuf jireenya dhageettii keessoo ofii gaddaaf gammachuu qaban kan ittiin ibsatanidha.Akkam yaada kanarraa hubannutti ogbarruun : ogbarruu barreeffamaafi ogbarruu afoolaa akkaofkeessatti haammatu kan nutti

agarsiisudha.Akkasumas ogbarruun afoolaa kan afaaniin dhalootaa dhaloottatti darbu yoo ta'u ,ogbarruun barreeffamaa immoo kan barreeffamaan dhalootaa dhaloottatti daddarbudha.

2.2.1 Ogbarruu barreeffamaa.

Ogbarruun barreeffamaa kan barreeffamaan dhalootaa dhaloottatti darbu ta'ee gosoota barreeffama kanneen akka asoosama,walaloofi dooyii(diraamaa)ofkeessatti kan haammatudha.Akkasumas asoosamni goosa ogbarruu barreeffamaa keessaa tokko ta'eefi ogbarruu barreeffamaa jalatti kan hammatamudha.Yaada kan ilaalchisee Beekan Gulummaa Irranaa(2013:8)too ibsu"ilmi namaa barreeffama osoo ofibsuu hin eegaliin dura ogafaan,afoola ykn fakkiifi bocaanyaada isaa ibsachaa ture.ogafaan dameelee addaa addaa kanneen akka makmaaksaa,oduu durii,sheekkoo,geerarsaafi kkf kan qabu yoota'u,ogbarruun immoo dameelee kanneen akka asoosama,ogwalaloofi dooyii ofkessatti haammata.

Yaada kanairraa kan hubatamu ogbarruun barreeffamaa kan dhalli namaa barreeffamaan ergaa waliif dabarsufi dameelee kanneen akka asoosama, ogwalaloofi dooyii ofjalatti kan haammata ta'uu isaa kannuu hubachiisudha.Akkasumas ogbarruun barreeffamaa goosa ogbarruu akka ta'ee nutti kan mullisudha.

2.3 Asoosama

Asoosamni akaakuu ogbarruu barreeffamaa keessaa tokko ta'ee seeneffama sababaafi bu'aa bu'uureffatee tartiiba ta'insotaafi raawwilee gara garaa kanneen akka namfakiilee, yoomeessa, waldiddaa, qooddattootaan, gochi ijaaramaa kan qindaawaa deemudha.

Asoosama jechuun waanta tokko osoo hintaane waanta ta'uu danda'u waandhigaa fakkaatu jechuudha.Addunyaa akka waan harkatti qabatanii namatti fakkeessa.Warra hinbeeknee wajjiin akka boo'an, gammadan, gaddan, rakkataniifi dhiphatan nama taasisa.Jechoota salphaatti fayyadamee waan barreeffamuuf dubbisuunsaa nama hawwachiisa.

Kana males, asoosamni yaada dubbisaafi barreessaa walitti fiduu qofa osoo hintaane ,namoonnii yaada sammuu isaaniitiin akka burqisiisan isaan godha.Yaada kana ilaalchisee Merger(1997:11-12)irratti akka ibseetti dhugummaan dubbisaafi barreessaan hojii kalaqaa tokko uumu.Yaada kanarraa kan hubatamu hojiin barreessafi barreessaa inni guddaan waanta tokko bifa haaraa ykn

kalaqa qabuun kalaquun kaa'uudha.Asoosama bakka lamatti qodnee ilaaluu dandeenya.Isaanis:Asoosama dheeraafi gabaabaadha.

2.3.1 Asoosama dheera

Asoosamni dheeraan seenessaa baldhaa kan ofkeessaa qabu waan ta'eef akka hojii kalaqaatti kan fudhatamudha. Tartiiba ta'iinsa muuxannoo dhala namaqn walqabsiisee kan dhiyeessudha.Waanfedheefis ta'ee asoosamni dheeraan kalaqa seenessa hololoo dheeraa namaafi amaloota, raawwilee dinqisiisaafi hawwii haala dhokataa ta'eenykn fuuldura waraabamuun fedhiifi muuxannoo namootaa kan dhiyeessudha.

Yaada kana ilaalchisee Misgaanuun(2011:108)irraatti akka ibsetti asoosama dheeraa qaacceessuu kessatti waanguddaatuu barreessaa irraa eegama.Akka asoosama gabaabaadha,walaloofi barruu xiqqoo tokko waan hintaaneef nama qacceesau tokko keessatti miira hedduu uuma.Asoosama dheeraan qaacceessuun hagam dadhabsiisaa yoo ta'e iyyu waaheedduu baruufi hojjeechuuf carraa guddaadha.Sababni isaas ergaawwaan gurguddoofi xixiqqoon waan kessatti argamaniifidha.Yaada kanarraa waanti hubatamu asoosamni dheeraan seenessa baldhaa qaaacceessi isaa hojii cimaa gufatufi akka asoosama gabaabaadha erga gabaabaadha qofa ka hinqabneefi ergaa gurguuddoofi xixiqqoos ofkeessatti kan haammata akkasumas nama asoosama dheeraa qaacceesseef barnoota heedduu kandabarsu muuxannoo hojii cimaa kan kennudha.

2.3.2 Asoosama Gabaabaa

Asoosamni gabaabaan hojii kalaqaa keessaa tokko ta'ee kan qabiyyeedhaan asoosama dheeraan gadi ta'e gosa asoosamaati.Innis yeroo gabaabaa keessatti dubbifamee dhumuu kan danda'udha.Asoosamni gabaabaa hojii kalaqaa ta'ee daqiiqaa(30)hanga sa'aatii (2:00)tti dubbifamee kan dhumudha.Wasanee Bashaa (2008).Haaluma walfakkaatu Misgaanuu gulummaa (2012:8)yaada kanaa dubbifamee kan xummuramudha.Kunis kan bifa hololoon barreeffamu tokkummaa cimaarraa kan hundaa'e jechoota kuma kudhanii gadi ta'aniin barreeffamee kaayyoo bu'uuraa tokkoorra ga'uuf kan qophaa'u asoosama gabaabaa jedhama.Yaada kanarraa kan hubannu asoosamni gabaabaa dadhabbii tokko malee kan dubbistoonni dubbisuun hubatan akka ta'e kan nu hubachiisudha.

2.4 Caacculee Asoosamaa

Asoosamni caacculee garaa garaa kanneenakka: Jaargocha,waldhabbii,yoomessa,qooddattoota,er gaafi kkf ofkeessaa kan qabudha.Yaada kanarraa kan hubatamu waldhabbiin caacculee asoosamaa keessaa tokko akka ta'e kannuutti agarsiisudha.Yaada kana deggeeruun Fadluu Musxafaa(2011:11)yoo ibsu ,"waldhabbiin namoota ykn humnoota faallaa walii ta'an gidduuttii asoosama ykn dooyii kessatti kan mullatudha"jedha.Yaada kana irraa kan hubatamu asoosamni caaccuulee garaa garaa kan ofkessaa qabuudi caaccuulee asoosama keessaa waldiddaan is a tokkoofi lafee dugda asoosamaa akka ta'e kannutti agarsiisudha.

2.4.1 Jaargocha

Asoosama keessatti Jaargochi haqa murteessaadha.Seenaan asoosama sanaa qindaa'ee akka dhiyaatu godha.Akka hayyuu Hawtorn (1992:34) jedhetti "Aplot is an ordered organized sequence of events and action" jedha.Akka barreessaa kanaatti jaargochi seeraan qindaa'ee gocha tokko akka agarsiisu ibsa.Asoosamni seenaa garaa garaa of keessatti qabatee yoo dhiyaachuu baate dubbisaa biratti fudhatama hin qabu.

2.4.2 Kallattii seenessuu

Kallattiin seenessuu kallattii seenaan asoosama tokkoo ittiin himamu kan akeekudha.Kunis seenaa sana eenyutuu seenessee eenyuuf immoo seenesse gaaffii jedhu kan deebisudha.Karaa biraatiin gaarumsi iddoo seenessaan seenaa sana dhaabatee himu kan ibsudha.Seenessaan seenaa himamu tokko keessatti ofii isaatiifis qooda fudhachaa deemuu danda'a.Yokaan immoo seenaa sanaan ala ta'ee waan dhaga'eefi arge qaama biraatiif gabaasuudhaan seenessuu danda'a.

2.4.3 Waldhabbii

Jireenya addunyaa kana keessatti dhalli namaa jiraachuuf jecha gadda, gammachuu, dhiphina, hacuuccaafi rakkinni addaa addaa isa qunnamuu danda'a.Isaan kanneen mo'achuuf namni sammuu isaa waliin, uumama waliin, namoota waliin, akkuma waldhabu waldhabbiin asoosama keessattis mullatu qoodattoonnis ofii osaaniitin yommuu waldhaban, umaamaan waldhaban, namootaan waldhaban argina.Isaan kanatuu waldhabbii jedhama.

Haaluma kana fakkatuun Melaknesh (1995:63)waldhabbii too ibsu"conflict is clash of actions, ideas,desires or Will "jedha.Yaada kanarraa kan hubannu,walitti bu'iinsa gochiota yaadaafi fedhii namoota gidduitti uumamu jechuudha.

2.4.4 Yoomessa

Yoomessi yeroo bakkaafi haala hawwaasummaa asoosama fayyadamee barruu isaa keessatti barressudha.Akka hayyuun Amold(2001)ibsutti " setting present that what is the place of action presented time? the social circumstances "jedha.Akka yaada hayyuu kanaatti yoomessi yokiin bakki eaawwiin itti ibsame.Yeroo isaafi dhugaa hawaasaa irraatti akka xiyyeeffatudha.Hayyuun kunumti (2001)yoommuu dabalee ibsu " setting prefer to the time place and social ahistorical context "jedha.Kana jechuun yomeessi yeroo raawwiii ,bakka raawwiifi haala hawwaasummafi seenaa kan haammatudha

2.5 Maalummaa waldhabbii

Hiikkaa waldhabbiif hayyoonni addaa addaa yaada garaa garaa keennaa turaniiru.Fedhasaan (2013:79)yoo ibsu waldhabbii seenaa asoosama keessatti walitti bu'iinsa namfakiilee gidduutti uumamaudha jedha.Waldhabbin kunis hayyu dureefi masaanota gidduutti kan uumamudha .Hayyu dureen masaanuu qaba,masaanonni isaa namoota qofa miti.Yaadumti isaa yeroo isa mormu nijra.Kana males,aadeemsi uumaaf seerri aadaa inni keessatti dhalate fedhii isaa dangessuuf irraatti qabsaa'uu danda'u.Akkasumas immoo,namfakiileen ta'ee jedhanii hojii isaa gufachiiduuf deeman hindhibaman.Walumaa galatti ijaarsa seenaa keessatti walmormii namfakiiwwan gidduutti uumamau namfakii jedhama.Waldhabbiin dagaagina seenaa garaa garaa fulduraatti tarkaanfachiisuu keessatti bu'aa guddaa buusa.Kanaafuu,waldhabbiin hinjiru taanaan seenaan garaa fulduraattii deemuuf huumna him horatu.

Akka yaada hayyuu kanaatti waldhabbiin walitti bu'iinsa qaamota lama gidduutti uumamuufi kan yeroo namni tokko yaadni lama keessa isaatti waliin mormu uumamudha ta'ee ,ijaarsa seenaa asoosamaa kessatti shoora olaanaa kan qabuufi dagaaginni sewna asoosamaa gara fuulduraatti akka tarkaanfatu, humna godhatee,lubbuu godhatee akka cimuuf lafee dugdaa ta'ee kan tajaajiludha.Kanaafuu waldhabbiin lafee dugda asoosamaati jechuudha niidandeenya .

Yaaduma kana Misgaanuun,(2012:24,25),yoo eeru jireenya dhugaa keessatti namoonni bu'aa ba'ii jireenyaa heedduu waliin wallaansoo walqabaa oolu.Qabsoowwan kanneen jiraachuuf waantoota jireenyaaf barbaachisan guuttachuuf waan fooyya'aa argachuuf ykn waan hawwan mara argachuuf geggeeffama.Jiraachuuf ykn fedhii of guuttachuuf immoo namoota garaa garaa waliin hariiroon nii uumamaudha.Walitti dhufeenya kana keessammoo namootni waldhabuu danda'u.Adeemsi kun jireenya dhugaa keessatti yeroo hundaa mullata.Asoosamnis jireenya dhugaa kan calaqqisiisu waanta'eef waldhabbii kanarraa walaba ta'uu hindanda'u.

Qooddattoota addunyaa asoosamaa keessatti lubbuu horatanii socho'anis waanti heedduun waan walitti isaan fiduuf gidduu isaaniitti walmufannaan uumaamuu hin oolu. Haariiroo gidduu isaaniitri uumamu irraan kan ka'e,fedhii walfakkatu ykn garaa garaa warri qaban yoo walitti dhufan walitti bu'iinsa gidduu isaanitti uumame kanatuu waldhabbii jedhamee waamama.Gareewwan walmorkatan gidduutti qabsoo godhamuun is a biroo mo'achuuf kuffiisuudhaaf ykn caalee argamuudhaaf yeroo itti tattaafatan mullatu.Waldhabbii n uumamuuf kanneen walmorkatan waanti walitti buusuu danda'u sababni ga'aafi amansiisaan jiraachu qaba.Sababni walitti bu'iinsaa kun jireenya dhugaa keessatti kan nama waldhabsiisuu danda'u ta'u qaba.

Haaka kanaan gareen waldorgoman lamaan dorgommii keessa jiran injifannoon xummuruuf yeroo dhamaa'an argamuu qabu.Qooddataan muummees (major character) ta'ee masaanuun qooddataa muummee (antagonist) waan dandaa'an hundaan tattaafachuu qabu.Adeemsa kanaan seenichi walxaxaa ,dubbistoota yaaddeessa eenyutuu injifata?"jechisiisaa adeema.Akkanatti waldhabbii sadarkaa olaanaa irra yooga'u waldhabbii fiixeerra ga'eera jenna.Bakki kun guuti miira (climax)jedhamuun waamama.Kana booda waanti qooddataawwan muddaa turan ykn dubbistootas yaadan dhiphisaa ture qabbanaa'aa laafaa deemee waldhabbiin furmaata ta'e irra ga'a.Bakki itti frmaanni argamu kun immoo fala (resolution) jedhama.

Kana irraa hubachuun kandandaa'amu waldhabbii ykn walitti bu'iinsi uumamuun dura walitti dhufeenyi ykn hariiroon jiraachuu qaba.Hariiroon yeroo uumamu namoota yaadaafi amala garaa garaa qaban gidduu isaaniitti uumamuu danda'a.Kana irraa kanka'es walitti galuu dhabuudhaan gargar ba'umsatuu dhufa.

Dabalataanis Zarihuun(1992:172) akka ibsutti, fakkaattonni addinyaa asoosamaa keessa jiran seenicha keessatti walitti dhufeenya walii walii isaanii gidduutti uumamu irraan kanka'e mufannoo ykn waligaltee dhabuu addaa addaa keessa nigalu.Walii galtee dhabuu irraan kan ka'ee jibba umamutuu waldhabbii jedhama.

Humnota walmorman gidduutti wallaansoon godhamu tokko kan biraa kuffiisuuf ykn kan biraa irratti olaantummaa argachuuf too carraaqu inni biraa immoo akka him mo'amne ,akka hin kufneykn akka him caalamne wallaansoo yoo qabatu argama.

Yaada kanarraa kan hubannu caaluuf ykn mo'uuf carraaquufi caalamuu ykn mo'amuu diduu diduu gidduutti taateen uumamu waldhabbii ta'uu isaati.Walumaa galatti ka'umsi waldhabbii haala kanaan uumamu walitti dhufeenya fakkeenya fakkattotaa gidduudhaa kan burqudha.Kunis waliin jireenya keessa walitti bu'iinsi ykn mufannoon waan jiruufi.

2.5.1 Akaakuuwwan Waldhabbii

Akkuma hiikkaa waldhabbiif yaadoonni garaa garaa jiraan yaadonni garaa garaa jiran akaakuu waldhabbii irratti ayyoonni bifa garaa garaatiin qoqqoodu.Fedhasaan(2013:79),akka ibsutti waldhabbii bakkoota gurguddoo lamatti qoodama.Isaanis: waldhabbii keessaafi alaa jedhama.Waldhabbii keessa kan namfakiin tokko yeroo sammuu isaatiin walfalmu yommuu ta'u walfhabbiin alaa immoo kan namfakkiin tokko namaafi haala naannoo isaa waliin waldhabu jechuudha.

JohnA.Cuddon,(1982:91),immoo waldhabbii akaakuu sadiittii qoqqoodee kaa'a.Goosti waldhabbii inni bu'uuraa inni qaamaawwan isa bu'uuraa tokkodha.Wallaansoo namaaf qaama aduunyaaati kun namaafi humna uumamaa jidduu bakka buusa.Goosti waldhabbii inni kanbiraan kan namaafi nama gidduduu,kan goobangaleessaafi carraati.Goosti waldhabbii inni sadeffaan waldhabbii keessa yokaan kan xiinsammuuti.Kunis wallaansoo namicha keessa jiru kan mullisudha.

DabalataanAbaayituu,Misgaanuu,(2012;25,26) waraqaa qorannoo isaa keessatti wabeeffachuun ibsetti ;:akaakuu waldhabbii akkasittiin ibsa.Waldhabbiin akaakuu garaa garaa qaba.Kun immoo gosa seenaa ergaan isaa dabarsuun barbaadame haala haawwwasa seenichi keessatti raawwateefi eenyummaa qooddataa irratti hundaa'a.Waldhabbiin inni tokko waldhabbii qooddattoota

gidduutti uumamudha.Kunis waldhabbii qooddataan qooddaataa waliin jedhama.Waldhabbii inni lammataa kan qooddataan ofuma isaa waliin taasisudha.Gosti waldhabbii inni sadeffaan waldhabbii uumama waliin taasifamudha.

Yaaduma kana Abbayituu,Zarihu (2002:175,176),waraqaa qorannoo isaa keessaatti wabeeffachuun yoo ibsu.Waldhabbiin asoosamaa keessatti uumaman akaakuu garaa garaa qabu.Akkaataa haala isaaniitiin ,akkaataa qooddachiisaan,akkaataa walitti dhufeenyaa isaaniitiin,akkaataa amantaa fi fedhii isaaniitiin addaa adda ta'uu malu jechuun bakka sadiitti qoodee kaa'a.Isaaanis :namaafi nama gidduutti kan uumamu ta'ee,waldhabbii namaafi nama gidduu kan jedhamudha.Akaakuun waldhabbii inni lammaffaan kan namni sammuu ofii wajjiin godhu ykn waldhabbii xiinsammuu jedhamudha.Akaakuun Waldhabbiin innii sadeffaan waldhabbii namni ta'eewwan uumama wajjiinifi haala isaanii wajjiin kan uumamudha.

Yaada hayyoota kanaarraa kan hubatamu akaakuun waldhabbii sadii akka jiranidha.Isaanis:waldhabbii uumama,waldhabbii hawwaasaa ykn waldhabbii namaaf nama gidduufi waldhabbii xiibsammuuti.Yaadoleen kanneen yoo gadi fageenyaan ilaalaman akaakuuwwan waldhabbii lama qofa ta'u.Kanas waldhabbii xiinsammuuykn waldhabbii namfakkiin tokko ofwajjiin waldhabuun waldhabbii keessaa ,waldhabbii uumamaa, waldhabbii hawwaasaa ykn waldhabbii namaaf nama gidduutiin immoo waldhabbii alaa jechuun bakkaa gurguddaa lamatti qooduu dandeenya.Waldhabbii kanneenis tokko tokkoon akka armaan gadiitti haa ilaallu.

2.5.2 Waldhabbii keessaa

Waldhabbii keessaa kan jedhamu yeroo namni tokko murtoo xiinsammuu dhabuun filannoo garaa garaa keessa seenee waantonni filachuu barbaade sun qalbii isaa walqixa yoo harkisan kam filatee kam akka dhiisu wallaalee sammuu isaatiin yeroo wal falmudha.Haala kanaan waldhabbii keessaa akka armaan gadiitti hubachuun nidandaa'ama

2.5.3 Waldhabbii xiinsammuu

Waldhabbiin xiinsammuu namfakkii gocha addaa adda gidduutti qabame keessatti kan uumamudha.Abbaayituu,Fedhasaa(2013:79) wabeechuun waldhabbii xiinsammuu yoo ibsu,"Waldhabbiin xiinsammuu nafakkii tokko yeroo sammuu isaan walitti bu'u uumama.

Keessumaa hayyu dureen kaayyoo isaa fiixaan baafachuu irratti yeroo bayyee sammuun isaa bakkaa lamatti qoodamuu mala. Yeroo kana nan raawwadhaafi hinraawwadhu jechuun karaan dhaanquu yokiin baldhoo ta'ee itti dhufa.Haala kanaan namfakkiileen garaa itti goran dhabanii ofitti falmuun ofiin haasa'u jedha.Yaaduma kana Misgaanuun(2012:25),yoo ibsu,"Waldhabbiin xiinsammuu yeroo fedhiin heedduun altokkotti sammuu qooddataatti dhufuun wanta rawwatamuufi kandhiifamu murteessuu dhabuu irraa kanka'e ,kanamoo sana wayya?jedhumoo dhiisu?asiinmoo achiin naafwayyaa jechuun waansammuutti dhufuuf ofuma isaa waliin waldhabuun kan uumamudha."

Kanaafuu akaakuun waldhabbii kanaa kannaamni tokko yaada sammuu isaa keessatti jiruun ofii isaatiin waldhabudha.Kunis kanta'u yeroo sammuu namichaa keessatti yaadonni garaa garaa waldhansoo wal qabanidha.Yeroo kanatti kan raawwatamuufi dhiufamu wallaaluun ofuma isaa waliin waldhabee,murtoo xiinsammuu dhabuun filannoo garaa garaa keessatti seenee waantoonni inni filachuu barbaade sun qalbii isaa walqixa yoo harkisan kamfilatee kan akka dhiisu wallaalee sammuu isaatiin yeroo walfalmu kan mullatudha.Walumaa galatti waldhabbiin keessaa kan uumamu yommuu namni tokko altokkottii ykn battalatti human walgituufi walmormu lamaan dhiibamuun murtoo xiinsammuu dhabudha.

2.5.4 Waldhabbii Alaa

Waldhabbiin alaa akka waldhabbii keessaa kan keessaa qooddataa ynk namfakki tokkootti uumama osoo hintaane kan qaama biroofi namfakkii ykn qooddataa gidduutti uumamudha.Fedhasaan,(2013:79),waldhabbii alaa yeroo ibsu"waldhabbii alaa kan jedhamu mormii nfakkii tokkotti (keessumaa hayyu dureetti) namaaf naannoo isaa irratti ka'udha."Yaada kanarraa hubachuun kan dandaa'amu,Waldhabbiin alaa yeroo namfakkiin qooddataa irratti humni alaa kan keessaa isaatii hin maddiin of moosisuuf ykn caalee argamuuf jedhu mullatudha.Haala kanaan Waldhabbiin alaa bakka garaa garaatti qoodamuu danda'a.Isaanis:waldhabbii hawwaasaa ,waldhabbii namaaf nama gidduufi waldhabbii namaaf uumamaati.

2.5.5 Waldhabbii Hawwaasaa.

Waldhabbiin hawwaasaa waldhabbii garee hawwaasaa ykn garee namootaa gidduutti uumamudha.Waldhabbii hawaasaa kan fidu qabsio hawwaasa gidduutti ta'udha.Misgaanuun,(2012:25),waldhabbii hawaasaa yoo ibsu "Waldhabbiin hawaasas kan qooddataaf hawaasa gidduutti uumamudha.Namni tokko ykn gareen tokko duudhaa ,aadaa,walumaa galatti haala jireenya hawaasa tokkoo balsa left acquit I in ykn filachuu dhiisuutiin hawaasa sanaan waldhabuu danda'a.Haala kanaan qooddataan duudhaa hawaasa jijjiiruudhaaf yeroo itti kutatee ka'utti inni haaraan isa durii irratti olaantummaa argachuufi inni durii immoo bakka qabu irra cimee dhaabachuuf tattaafata.Tokko kuffiisuun inni kanbiraa immoo jaabaatee dhaabachuuf socho'a.Kanaafuu waldhabbiin hawaasaa garee hawaasa garaa garaa gidduutti kan raawwatamu ta'uu isaa hubanna.Kunis kanta'u yeroo haawaasni tokko haala jireenya hawaasa biroo tuffachuun kan isaa caalsisu ykn mullisuu barbaadudha.Fakkeenyaaf haawaasni tokko hawaasa biraa irratti olaantummaa argatee eenyummaa,afaan, aadaafi duudhaa saba biroo balleessuuf kantattaafatu yoo ta'e sabni sunis eenyuummaa isaaf nii falmata.Yeroo kana kana waldhabbiin garee hawaasa lamaan gidduutti nii muldhata.

2.5.6 Waldhabbiin namaafi nama gidduu

Waldhabbiin namaafi nama gidduutti kan uumamu yeroo namfakkiiwwan lama fedhii walfakkatu qabaachuun olaantummaa argatan waanfedhansana kan ofii godhachuuf tattaafatanidha.Zarihun,(2002:175),Waldhabbii namaaf namagidduu yoo ibsu,Kan namni lama addaa addummaa amantii,feedhii ,kaayyoo ykn ejjennoo qaban akkaasumas sababa yaadaafi addaa addummaa namaoota gidduu jiruun kan uumamudha.Kanarraa kan hubannu Waldhabbiin kun sababa addaa addaatiin namoota lama gidduutti kan uumamu ta'uu isaati.Kunis kan ta'uu danda'u yaada tokko kallattii garaa garaatiin yoo hubataniifi eenyummaa garaa garaa yoo qabaatan dhimma eenyummaa isaaniif waldhabuu danda'u.

Yaaduma kana Fedhasaan (2013:80),yoo ibsu "Waldhabbiin namaaf nama gidduu waldhabdee namfakkiifi namafakkii gidduutti uumamudha.Waldhabbiin haalakanaan uumamu wal inaafuufi yaadaan waldhabuu irraa madda.Haalli akka kanaa hayyu dureefi masaanota gidduutti uumama. Sababni isaas masaanoonni guyyaa hundumaa kaayyoo hayyu duree gufachiisuuf baannatu.Kana gochuuf tarsiimoo baafatu .Kun yoo fashalaa'es abdii hin kutatan .Amma addunyaa sanarraa isa

dhabamsiisanitti ifaaju." Kanaafuu Waldhabbiin namaaf nama gidduutti addaa addummaa yaadafii eenyummaa namoota gidduutti argamu kan bu'uureffatedha.

2.5.7 Wadhabbii Namaaf Uumamaa

Waldhabbii namaaf uumamaa kanjedhamu sochii namfakkiin tokko jirachuuf godhu keessatti waldhabdee haala uumamaaf is a gidduutti mullatudha.Fedhasaan,(2013:80),Waldhabbii namaaf uumamaa yoo eeru "addunyaan kun taatee uumamaan tu'atamtee jirti .Balaan uumamaan dhufus sanaan walqabatee jireenya namaaf darara.Beelli,balaa qilleensaa,balaa roobaa,gogiinsa,cabbii,kirkira lafaa ,dhukkubniifi kkf kaayyoo Dhaka namaatti gufuu ta'uu danda'u namoonnis kana damdamachuuf bu'anii ba'u.Kun's Waldhabbii isaan uumama waliin godhan mullisa.Yaaduma kana Misgaanuun,(2012:26),yoo ibsu," akaakuunwaldhabbii kun kan uumamu yeroo namni jiraachuuf jecha hariiroo morkii qabu uumama garaa garaan waliin godhudha jedha."Fakkeenyaaf qonnaan bulaan bosons ciree lafa ballifatee jiraachuu barbaada.Adeemsa kana keessa garuu gobaan,qoraattiin,gufuufi kkf is a miidhu ykn hubuu danda'u.Bifuma walfakkatuun namoonni haala qilleensaa waliin walitti bu'iinsa uumuu danda'u.Keessumaayyuu haala duraan beekamu irraa jijjiiramni qilleensaa uumamu namni jiraachudhaaf carraaqqii inni godhu heedduudha.Waldhabbiin haala kaan dhufu Waldhabbii qooddataafi uumamaa jedhama.

Akka yaada hayyoota kanaatti Waldhabbiin uumama waliin taasifamu qabsoowwan namoonni ykn namfakkiiwwan jiraachuuf waantota jireenyaaf barbaachisan guuttachuuf waan fooyya'aa argachuuf ykn waan hawwan mara guuttachuuf yeroo bu'anii ba'an haali isaan itti dadhabanii hojjeetan akka isaan yaadaniifi hawwan ta'uudiduun faayidaa isaarra dhiibbaan isaa calee yoo aragamuufi yeroo isaan fedhanitti ta'uu yoo didudha.Kunimmoo kaayyoo namfakkii sanaa gufachiisuun namfakkii sanaafi haala uumamaa gidduutti Waldhabbiin uumamudha.

2.6 Faayidaa Waldhabbii

Mata duree kana jalatti faayidaa Waldhabbiin asoosoosama keessatti qabutu dhiiyaate yaada kana Fedhasaan ,(2013:18),yoo ibsu,"Waldhabbiin qiindaa'ina asoosamaa keessatti bu'aa guddaa qaba.Akkadubbistoonni xiiyyaffannoon seenicha dubbisan haala mijeessuun gatii asoosamichaa

olkaasa.Waldhabbiin hinjiru taanaan seenaan kam illee asoosama ta'uu hindanda'u.Kanaafuu Waldhabbiin lafee dugdaa asoosamaati .

Akka hayyuun kun ibsetti,asoosama tokko asoosama kan jechisuusu yoo waldhabbiin ijaarsa seenaa asoosamichaa keessa jiraatan.Walumaagalatti faayidaan waldhabbii:

-Dagaaginni seenaa asoosamichaa gara fuuladuraatti akka deemuuf huumna horachiisa:Waldhabbiin hinjiru taanaan seenaan gara fuula duraatti deemuuf humna hinqabu jechuudha.

-Dubbisstoonni murtoo dhumaarra ga'uuf akka wareegaman taasiisa:Maaltuu ta'innaan osoo muddamanii seenicha dubbiisanii xummuru.Dubbisaanis,akka itti gammadan ykn akka itti gaddan godha.Kanaafuu sammuu dubbistootaa hawwachuu keessatti ga'ee guddaa qaba .

2.7 Amaloota Waldhabbii

Waldhabbiin amala mataa isaa qaba.Akka Jaffet Scott(1995:3),irratti ibseetti waldhabbiin tokkoo bu'a qabeessa ta'udhaaf amaloora armaan gadii guutuu qaba. Isaanis: Tokkummaa ,amanamummaafi dagaagina kanjedhu ta'a.

2.7.1 Tokkummaa

Amaloota waldhabbii xiinxaluu keessaa kan jalqabaati.Akka Jaffet Scott (1996:3),irratti ibsetti tokkummaan:

"Qindaa'ina jechuun adeemsi seenichaan kan jalqabaa hangs shumaatti walhordofaa deemudh jedha." Akka yaada kana irraa hubannutti ogbarruu asoosamaa keessatti asoosessaan jalqabaa kaasee hangs dhumaatti yaadn waldhabbii akka waldhiisaa hintaanae dirqama.

2.7.2 Amanamummaa

Waa'ee amala waldhabbii amanamummaa Edward Quinn(1994:4),akkas "jedha."Amanamummaa haala jireenya dhugummaa namfakkiilee ta'e waliindubbii yokiin yaada nuti dhiyeessinu qabatamaa kan jireenya addunyaa dhugaa wal hindhabne ta'uu qaba. Yaadni armaan olii akka ibsutti yaadni dhiyaatu dhugaa irratti hundaa'uu qaba jechuudha.

2.7.3 Dagaagina

Yaada dagaaginaa akka Jaffet Scott (19996:4),yoo ibsu ," Jijiirama mullatu keessatti qooddataaf tokko bu'a qabeessa yoo ta'uu ,kanbiroon immoo miidhamaa ta'a.Humnoonni lamaan walmormii irratti hirmaatan ciminni isaanii walqabatee guddachaa deemuuf qaba.Akka yaada kanaatti waldhabbiin asoosama keessatti bu'a qabeessuummaa irratti kan dagaagu jechuudha.

Walumaa galatti amaoonni waldhabbii faayidaalee guddaa qabu. Tokkummaan asoosamichi akka walqabatee itti fufu taasisa.Amanamummaan asoosamichi yaada ykn taatee addunyaa kanaa bakka bu'anii ibsuuf gargaara.Akkasumas dagaaginni immoo amala waldhabbii asoosamichi faayidaa qaamonni waldhaban lama walirraa qabaniifi haala wal madaallii isaanii asoosamicha keessatti akka qabaatan godha jechuudha.

2.8 Sakatta'a Barruu Walfakkii

Kutaa kana jalatti ykn keessatti kan dhiyaate waraqaawwan qorannaan walitti dhiyeenya qabanidha.Amman dubbisee argetti kitaaba asoosama "Ilkee Arrabaa" keessaa mata dureewwan garaa garaa irratti qorannoo adeemsifamaa haajiratuyyuu malee waldhabbii achi keessa jiru irratti qorannoo geggeeffame hin argine.Haata'u males waraqqaawwan gamma tokko walitti dhufeenya mata duree kanaa qaban kan yeroo gara gara fi barattoota gara garaatiin hojjeetaman muraasni nijiru.Qorattuun kunis tokkummaa isaan qorannaa kana waliin qabaniifi dhimma qorattoonni kun irratti hinxiyyeeffatiin qorannaa ishee keessatti kan kaaste haala itti aanuun ilaaluu da'andeenya.

Qorannaa kana an walitti dhufeenya qaba jedhamee kan yaadame keessa tokko qorannaa barataa Ayyaanaa Waaktolaa Gammachuutiin bara (2010)Yuunversiitii finfinneetti mata duree"Waldhabbiiwwan Asoosamoota Kuusaa Gadoofi Dhaamsa Abbaa"jedhu irratti geggeeffamedha. Kaayyoon qorannaa isaa asoosamoota kuusaa gadoofidhaamsa abbaa akka ta'e eereera xiinxala isaa kana keessattis waantonni ka'an akaakuuwwan waldhabbii asoosamoota kanneenii kallatti waldhabbiitiin agarsiisuudha. Kanas kutaaler gara garaa lamatti qoiduun kan qo'ate yoo ta'u kutaan tokkoffaan xiinxala waldhabbii asooosamoota kuusaa gadooti .Kutaan lammaffaan immoo xiinxala waldhabbii dhaamsa abbaati

Garaa garummaa qorannaa ayyanaa fi ammaa gidduu jiru kayyoon qorannaa gargar ta'u:Kaayyoon qorannaa Ayyaana inni walii galas waldhabbiin asoosamoota kuusa gadoofii

dhaamsa Abbas keessatti maal akka fakkaatu agarsiisuudha.Kaayyoon waliin gala qorannaa kanaa garuu haala waldhabbii asoosama "Ilkee Arrabaa" keessatti mullatu xiinxaluudha.

Daangaa qorannaa gargar ta'u:Daangaan qorannaa isaa asoosamoota kuusaa gadoofi dhaamsa abbaa fudhachuun bu'uuraalee asoosasamaa keessa waldhabbii irratti xiyyeeffata. Daangaan qorannaa kanaa immoo kitaaba asoosama dheeraa "Ilkee Arrabaa"qofa irratti xiyyeefachuun xiinxaluudha.

Xiinxalichi kitaaba garaa garaa irratti adeemsifamuuf yeroo garaa garaatti geggeeffamuu isaa:

Qorannoon Ayyaanaa asoosamoota lama"kuusaa Gadoofi Dhaamsa Abbaa" irratti kan adeemsifame yoo ta'u qorannaan kun immoo "Ilkee Arrabaa" irratti kan geggeeffamedha. Qorannaan isaa (2010) kan geggeeffame yoo ta'u qorannaan kun immoo bara(2013) kan adeemsifamedha.

Tokkummaa inni waraqaa kana wajjiin qabuimmoo:

Haala ijaaramaa:Qorannoowwan lamaanuu boqonnaalee afur kan ofkeessaa qabanidha. Boqonnaan tokkoffaan duubee qorannichaa,boqonnaan lammaffaan sakatta'a barruu,boqonnaan sadaffaan bakka xiinxalli hojichaa irratti raawwateefi boqonnaan afur argannoofi yaada qabatee dhiyaatee jira.

Qorannaan lammataa kan barattuu Abbaayituu Dirribaa (2008) yuuniversiittii Finfiinnee muummmee Afaan oromootti"xiinxala waldhabbiifi ergaa asoosama Burreen bifa tokko miti" jedhuun dhiyeessitedha. Kaayyoon qorannaan Abbaayituu asoosama Burreen bifa tokko miti jedhurratti xiyyeeffachuudhaan wakdhabbiifi ergaa isaa xiinxaluu ture. Achi keessatti maalummaa waldhabbiifi maalummaa ergaaf ka'umsa ta'an ibsuuf yaalteetti.

Garaagarummaa qorannaan ishee qoranna kana waliin qabu:Qorannaan Abbaayituu asoosama"Burreen bifa tokko miti" jedhu keessaa waaldhabbiif ergaa isaa xiinxaluu yoo ta'u, Qorannaan kun immoo kitaaba asoosama"Ilkee Arrabaa" jedhu irratti wakdhabbii achii keessa jiru xiinxaluudha.Qorannaan ishee bara(2008)yuunivarsiittii Finfiinneetti kan hojjetamu yommuu ta'u,qorannaan kun immoo bara(2013) yuuniversiitii Finfiinneetti kan geggeeffamedha.

Tokkummaan inni qorannaan kana waliin qabu:kitaaba asoosamaa irratti geggeefamuu isaa.Lamaanuu yuuniversiitii Finfiinnee keessatti geggeeffamuu isaa.Lamaanuu Afaan oromootiin geggeeffamuu isaati.

Boqonnaa Sadii: Dhiyeessaafi Xiinxala Ragaalee

3. Ibsa Gabaabaa Waa'ee Asoosama Ilkee Arrabaa

Kitaabni asoosama Ilkee Arrabaa jedhamu kun kan barreeffame nama Yeeyyis Birruu Nagaroo jedhamuuni.kan maxxanfame bitootessa 2013 yoo ta'u ,fuula 111 kan qabudha.Qoolli kitaabichaa immoo gurraachadha.

Seenaan kitaaba kanaa nama Boonsaa jedhamu akka goobaangaleessaatti fudhachuun barreeffame.Boonsaa nama jedhamutuu ture.Boonsaan bakki dhaloota isaa magaalaa Gimbii jalaa gandaa waddeessa warqaa baadiyyaa xiqqoo wadaboo jedhamtutti abbaasaa obbo Biyyaa Hundarraafi haadhasaa aadde Gaaddisee Hundeerraa dhalate.

Boonsaan mucaa simbo qabeessa harki jaarsaa guddisedha.Dubiin afaansaatii ba'u aannan mucha saawwanii keessaa okoleetti gadi elmamu yoo jedhame nama hin sobsiisu.Boonsaan nama amala gaarii qabuufi barnoota isaattillee qaxaleedha.Haata'umalee osooma barnoota barachaa jiruu hirriyyoonni isaa Dameefi Baayyisaa kan jedhaman Boonsaa gowwoomsanii mana abbaasaatii baasan.Boonsaanis erga mana abbaasaatii bahee rakkoon cimaan isa mudate

Boonsaanis filannoo dhabee biyya hormaa keessatti osoo rakkinaan dararamuu mana Abbas qabeenyaa maqaan isaa obbo Girshaa jedhamu tokko games qacarame.Erga mana Abbaa qabeenyaa kana galee mana bunaa isaanii keessaa hojjechuu eegale.Abbaan qabeenyaa kunis intala tokko qaba ture.Isheenis Yeneenash jedhamti.Boonsaan Jireenya isaa keessatti nama jaalala addunya kanarratti abjuudhaaniyyuu argee beeku miti.Intalli obbo girshaa kunis amalliifi miidhaginni boonsaa baayyee isheetti waan toleef isa jaallatte.Obbo girshaan haalota mucaa isaniifi Boonsaa gidduu jiru kun hundumtiyyuu garaa isaan nyaate.Dubbii kana adda baafachuu barbaadanii intala isaanii gaafatan.Ati Boonsaa wajiin maal maal gichaa jirtaa jedhee gaafae.

Intalli isaaniis dubbii sobaatiin Boonsaa gadheessite.Inni yommuu isin mana hin jirre yeroo hundumaa na gudeeduudhaaf yaalii gochaa ture. Animmoo isinitti himuudhaaf leeyyootuu naqabate jettee abbaa isheetti himte.Kanumarraan kan ka'e abbaan qabeenyaa sun Boonsaa ajjeesisuuf utuu jedhuu hojjetoota mana isaanii keessaa tokko suuta jedhee Boonsaatti dubbii kana hime.Boonsaan kana yommuu dhaga'e du'uukoorra humnikoo ani kanaan dura isaaniif

hojjechaa ture hafuu wayya jedhee gatii dadhabbiisaaf miindaan osoo hin kaffalamiiniif gara biyyasaatti deebee gale.

Erga biyyasaatti galee barnoota gidduun kutee deeme itti fufee barachuu jalqabe.Barnoota isaattis qabxii olaanaa galmeesse. Barnoota sadarkaa 1ffaafi 2ffaa xummuree sadarkaa qophaa'inaatti qabxii olaanaa kan galmeesse isa ture.Kanaan booda sagantaa dookterummaadhaan gara mooraa yuuniversiitii Finfiinneetti barnoota isaa eegale.Barnoota barachaa osoo jiruu shamarreen Meeron jedhamtu tokko amalliifi miidhaginnisaa baayyee isheetti waan toleef isa jaallatte.Boonsaan kanaan dura shamarree jaallatee hinbeekne ammammoo isheenis amalaafi simboon miidhagduu waantaateef innis ishee jaallate.Haata'uyyuu malee meeron isaan duratti nama kanbiraa jaallattee jirti.Garuu Boonsaan kana hinbeeku ture.Dhumarratti jaalalleeshee duraaniitti deebitee icciitii Boonsaan wajjiin turte yommugeggeeffameera.aalalleenshee sunis baayyee aare.

Kanumarraan kanka'e Boonsaan akka du'uuf lama ta'anii murtoo hadhaa'aa irratti murteessan.Jaalalleenshee sunis dargaggoota lama qarshiidhaan itti bitee akka ajjeesaniif itti erge.Isaanis biyya Boonsaan jiru iyyaafatanii Boonsaan yommuu argan yaalii ajjeechaa isarratti geggeessan.Haata'umalee lubuun Boonsaan du'a ooleera.Garuu miidhamni heedduun isarratti geggeeffameera.

3. 1 Xiinxala Waldhabbii Asoosama Ilkee Arrabaa

3.1.1 Waldhabbii namaaf namaa

Waldhabbiin namaaf namaa fakkaattiiwwan lama gidduutti kan uumamudha.Kun kan uumamu namoonni lama fedhii walfakkaatu wanta tokkorratti yeroo qabaataniifi fedhii garaa garaa bakka ykn yeroo walfakkaatu tokkotti yooqabaatanidha.Yaada tokkoo kataa garaa garaa irraa too hubatan yaadicha irratti wal mormu.Haaluma kaanaan Waldhabbii asoosama Ilkee Arrabaa:

3.1.2 Waldhabbii Damee, Baayisaafi Yaadashii

> ..." *Dameefii Baayisaan Yaadashii wajjiin mana barumsaa Maraachee Wadaboo kedhamutti barataa turan .Dameefi Baayisaan sababii Yaadashii barnoota isheetti cimtuu taateef jechoota hamileeshee buusu isheetti darbataa oolu.*
> *Guyyaa tokko jechoonni isaan isheedhaan jedhan waan garaa ishee madeessef*

qindeessaa mana barumsichaa barsiisaa Waaqtolee bira deemtee himatte . Barsiisaa waaqtoleenis Dameefi Baayisaa gara waajjiraatti waaman.Isaanis dhufanii balbala waajjirichaa darbatanii olseenaan.Dhimmashee Kanaafuu qindeessaan rakkina jiru hiikuuf yoo Marii eegalullee isaan lamaan yaadaan dhaggeeffataa hin jiran. Haalota jiru ilaalchisee gaaffii barsiisaan Waaqtolee dhiyeessaaniif bookee gurra arbaa buutettiiyyu hin lakkoofne

Yaadashiin anaan kaayyoo koofi mullata ani qabutuu isiniif nagarboomse malee amma kana iyyuu him obsun ture jettee isaanirraa achi gara galtee gadi jettee fiixee wayaa isheetiin imimmaan ishee haxaawwatte.yeroo kana Damee fi Baayisaan dhiisaame isheen dura kaayyoo ishee bira haageessuu gaafa nuun rakkannee harka ishee dhufne immoo nuun haataajjaabduu jedhanii waajjiricha keessaati sagalee machii dhageessisan.Marii mari'atamaa jirus nidiigan.

Barsiisaan Waaqtolees human isaanii oltaanaan waardiyyaa mana barumsichaa waamanii akka mooraa gadi dhiisaniif itti ajajan.Isaan is gaafa sanaa jalqabanii mooraa mana barumsichaa gadidhiisan.Dameefi Baayisaan erga mana barnootaarraa ari'atamanii guyyaa tokko utuu deemsa deemaa jiranii laga bishaan Dhidheessa jedhamu ga'an.Bishaqnicha utuuce'uutti jiranii bishaqnichaan nyaataman.Haata'u iyyuu malee Baayisan du'eera Dameen immoodu'aaf carraan xiqqoon kan hafe achi keessaa baasan.Yeroo kana Yaadashiin barnoota ishee cimtee barattee xummurteetti.Akkumaxummurteen ogeettii fayyaa hospitaala Naqamtee taate.

Yeroo kana Damee gara hospitaal fayyaa Naqamtee yommuu fidan hospitaalicha keessaa kan hojjetu Yaadashiidha.Wallaansa barbaachisu gooteef, haata'u iyyuu malee Dameen fayyuu hindandeenye.Hospitaalicha kessatti lubbuun darbeera.Kanumarraan Yaadashii waantoota Siena hawwalchaaf barbaachisan gooteefi hawwaalchiste."(F,5,6,7)

Akka yaada waraabbii armawn oliirraa hubannuutti namni tokko jechaan garmalee nama balleessaa hinqabmetti darbuun gaarii miti.Booda immoo harkuma namichaatti gqluu hin hafu.Jechi utuu itti hin yaadiin nama qajeelaatiin jedhan booda rakkinatti nama galchiti.Damee fi Baayisaan osoo Yaadashii ballewssaa tokko hin qabaatiin jecheetaan garmalee ishee waan miidhaniif namni tuffatan tuffee taati jedhamee akkuma makmaakamu dhumarraatti inni tokko yommuu du'uufi inni tokko immoo arkqsheerratti du'ee hawwaalamuu isaa argina.

3.1.3 Waldhabbii Obbo Girshaafi Boonsaan

..." Boonsaan mucaa amala gaarii qabuufi bifaan baayyee miidhagaadha. Obboo Girshaan immoo abbaa qabeenyaati.Boonsaan mana obbo Girshaa keessaa qacarame mana bunaa isaaniitii hojjeeta.Boonsaan kun mucaa takka sharree jaallaatee hinbeeknedha.Haata'u malee Intalli obbo Girshaa Yeneenesh kan jedhamtu midhaginniifi hamallisaa baayyee isheetti waantoleef jaalala keessa isa galchuu barbaaddee yeroo hundumaa bakka inni hojii hojjeetutti itti deddeebiti.

Obbo Girshaanis walitti dhufeenya Boonsaafi intala isaa kana hubachuu barbaadee Yeneeneshiin gaafate.Isheenis abbaa ishee baayyee waan sodaattuuf dubbii sobaatiin Boonsaa hadheessite.Inni yommuu isin mana hinjirre dhoksaatti qabee gudeeduudhaaf yeroo hundumaa yaalii godha jettee. Obbo Girshaan is BoonsanBoonsaa ajjeesisuudhaaf yommuu inni yaalii jalqabu hojjeeteetuma isa wajjiin hojjetan keessaa tokko icciitii kana Boonsaatti hime. Boonsaanis kana yommuu dhaga'u halkaniin ka'ee hojii Nara baayyee hojjeeta tureefis miindaa osoo hin fudhatiin manicha abbaa qabeenyaa gadhiisee deeme."(F.37_41)

Yaada waraabbii armaan olii kanarraa kan hubatamu:Namni qabeenyaa ykn angoodhaan nama caalu tokko nama qacaratee hojjechiifatu ofii gaditti waan ilaaluuf hadheessaa ykn hololа sobaatiin dubbii jiru tokko osoo raagaan qabatamaan hinjiraatiin tarkaanfii barbaade ynk tarkaanfii hadhaa'aa namarraatti fudhaachuudha.

3.2.1 Waldhabbii Boonsaa,Meeroniifi Margaa

..." Boonsan nama amala gaarii qabuufi bifaanis miidhagaadha. Meeroonis shamarree miidhagduudha.Margaan immoo konkolaachisaadha. Meeron magaalaa Amboo fira bira teessee barnoota ishee amma kutaa saddeetteffaatti baratte.

Barnoota xummurtee yommuu boqonnaa gara maatii ishee magaalaa Gimbiitti galas osoo jirtuu Boonsaa wajjiin konkolaataa kessatti walbaran.Boonsaan hanga ammaatti jaalala shammarraniif jilbeeffatee kan hinbeekne arrammoo Meeroniin jaallachuuf murteesse. Meeron magaalaa Amboorraa margaa jaallattee jirti. Boonsaan kana hundumaa hn beekne ture.

Boonsaafi Meeron kutaa salgeffaafi kurneffaa bakka garaa garaatti baratanii kutaa kudha tokkoffaafi kudha lammeffaa akka carraa mana barumsaa tokkotti barachuu eegalan. Kan duraan konkolaataa keessatti walbaran arra yommuu wal argan gammachuu guddaatuu isaanitti dhagaa'ame.Barnoota isaanii wajjiin itti fufan.Boonsaan barnootatti qaxaleedha.Meeron immoo dandeetti barnootaa baayyee hinqabdu.Boonsaan yeroo hundumaa barnootas ta'e

hamma humna isaatii ishee bira dhaabbachuudhaan gargaaraa waggaa lama wajjiin baratanii qormaata kutaa kudha lammeffaatti qabxii gaarii galmeessan.

Dhumarratti yuniversiitii garaa garaa deemanii waggaa tokko baratanii xummuranii gara biyya biyya isaaniitti boqonnaadhaaf galan.Meeron yeroo kana gara magaalaa Amboo jaalallee ishee duraani Margaan keessa jiru deemte.Margaa waliin yeroo wal argitu,Margaan miidhaginneshee kan ammaa akka amma yeroo duraan waljaallataa turanii hinga'u ture.Margaan Meeroniin maalteetee akkakee duraanii simboo hinqanduu jedhee gaafate.

Isheenis nama Boonsaa jedhamu tokkotuu kiyyoo jaalala Isaac kessa nagalchuuf jedhee narakkisaa ture jettee itti himte.Innis baayyee aaree Boonsaa irratti yaalii ajjeechaa gochuuf namoota lama qarsii kaffaleefi akka isaan bakka Boonsaan jiru deemanii ajjeesaniif itti erge. Dargaggoonni sunis biyyanni jiru deemanii yaalii ajjeechaa irratti geggeessan.Haata'u malee Boonsaan lubbuudhaan hinduune.Qaama isaa immoo baayyee miidhanii utuu hin argamiin dhiisanii badan."(F,44-103)

Yaada waraabbii armaan oliirraa akka hubatamutti dhimma tokko osoo keessa hingaliin dursanii gaafachuu dhabuun rakkina hammaataatti kallattiidhan nama gqlchuu danda'uu isaati.Hiriyyoonni wal hiriyyoomfachuu kana malees jaalallee waliif ta'uu yoo barbaadan waayeensaa ykn ishee akkam akkam ture dursanii utuu hinbeekiin keessa galuun milkaa'ina nama dhabsiisuu isaa argina.

3.3 Waldhabbii namaaf Uumamaa

3.3.1 Dameefi Baayisaa

..." *Dameefi Baayisaan dargooggoota amala badaafi seenaa gaarii kan hinqabnedha.Guyyaa tokko osoo biyya abbaasaanii keessa baduuf deemanii bishaan Dhidhessa kanjedhamu tokko ga'an.Bishaanichi bishaan garmalee guddaafi bineensonni nama nyaachuu danda'an bishaanicha keessatti argamanidha.Namoonni laga bishaan Dhidheessaatii qarshii fudhatanii nama ceesiisan nijiru haata'u male Dameefi Baayisaan akkuma amala isaanii isa badaa sana qarshii kaffalleefi hinceenu jedhan.*

Isaanis akkuma walii galaniin bishaanichaatti seenan.Bishaan daakuu eegalanii osooma daakanii daakanii ce'uu dadhabanii bishaanichaan nyaataman.("F,32_36)

Yaada waraabbii armaan oliirraa waanti hubannu hiriyyoonni lama amala badaa qaban yoo wajjiin kan jiraatan ta'e gara badisaatti wal oofuu isaaniiti.Kanamalees addunyaa dhugaa kanarraa namoonni heedduun kan yaadni isaanii wal faana luucca'u tokko yaada gaariitti yoo him harkifne biyyas ta'e mataa issanii rakkoo jalaa baraaruu akka hindandeenye argina.Kana malees uumama wajjiin illee walitti nama buusa ykn wal nama dhabsiisa jechuudha.

3.4 Waldhabbii Xiinsammuu

Waldhabbiin Xiinsammuu kan namni tokko yaada sammuusaa keessa jiru waliin waldhabedha.Haaluma kanaan waldhabbiin Xiinsammuu asoosama kana keessatti mullate kan armaan gadiiti.

3.4.1 Boonsaa

..."Boonsaan nama amala gaarii qabuufi miidhagaadha.Boonsaan nama jaallatamaa dubbiin isaa akka ijoollee hin taane akka jaarsaati.Haata'umalee guyyaa tokko hiriyyoonni Boonsaa kanneen amala yaraa qaban akka isaan wajjiin inni biyyaa ba'ee gara biyya hormaa deemuuf isa mariisisan.Innis haalli kun gaarii kan itti fakkaate tole isaaniin jedhee waliif galan.Akkuma waliif galaniin deemsaaf haala mijeeffatan.Hiriyyoonni Boonsaa durumayyuu bakka barbaadan deemaa kan turanidha.Kanaafiyyuu iddoo barbaadan yoo deeman isaaniif haaraa miti.

Boonsaan garuu hanga ammaatti abbaafi harmee isaarraa adda ba'ee hin beeku.Hiriyyoonni isaa kun deemsi haaraa waan itti hin taaneef waantota deemsaaf nama barbaachisan galaa baadhatanii deemsa isaanii itti fufan.Boonsaan garuu karaatti maaltuu akka nama mudatu waan hinbeekneef hoomaayyuu osoo harkatti hinqabatiin isaanuma wajjiin karaa bu'e. utuu deemaa jiranii lafti yommuu itti dhiitu bakkuma itti dukkanaa'eetti buluuf karoorsi.

Isaanis baayyee beela'anii galaa baadhatan nyaachuuf hiikkatan.Boonsaanimmoo hoomaa inqabu ture.Hiriyyoonni isaas yaadaan yaadaan isa qeeqaa galaa isaanii sana yoo isaaf hiran garaa isaa duuba nyaate.Kanaan booda Boonsaan hirrina qalbii isaaf harmee isaarraa addaan ba'uu isaas yaadatee halkanuma sana haaree geeraruu jalqabe.

"Qaqalloo garaa bal'aa
Mataa hidhaatuu koorsa
Ilmoo dhiira qananii
Qalbii dhabuutuu joorsa
Nan yaadadhee sireekoo
Siree ciisicha mootii
Har'a hafatni baalasaa
Qaraaroon mana mootii
Qaraaroon ho'a baataa
Kun bururii ta'innaa
Naannoo garaa nanyaataa
Ururiin nadha'innaa?

Harmeeko Gaaddiseekoo
Haxooftee naaf hafuunkejirtuuf n tokkoon nadhibe" (F,23_28)

Yaada waraabbii armaan oliirraa waanti nuun hubannu dhimma ykn yaada tokko dursanii filachuun dura callisanii itti seenuun booda rakkina hamaaf nama saaxiluu isaati.Namni nama kaayyoo mataa isaatii qabu tokko ilaalee deemuun ofiisaa kaayyoo isaa wallaaluu isaati.Kana malees namni kanaan dura utuu qananummaa keessa jiruu yoon mana abbaakootii ba'e gaariittan ba'a jedhee rakkinaan mudatamuu isaa argina.Kanaafuu kaayyoo ofii wallaaluun walumaa galatti rakkinaaf akka dabarsee nama Kennu ykn saaxilu hubanna.

3.4.2 Boonsaa

..." *Boonsaan biyya abbaasaa keessaa ba'ee mana abbaa qabeenyaa tokko keessaa hojjetaa ture.Waggoota muraasaan booda biyya isaatti deebi'ee gale.Yommuu biyya isaatti deebee galu gaabbiin garmalee isaatti dhaga'ame.Gaabbiin yommuu itti dhaga'amu Boonsaan smmuusaa gaaffii ofgaafataa deema.*

"Ani eessan ture"eessan dhaqaa jirasii jechuun sammuusaaf gaaffii dhiyeessaa deema.Biyyi Boonsaa yommuu inni keessaa bahe kan yeroo duraa caalaa amma miidhagdee waan jirtuuf Boonsaan jijjiirama tahe hundumaa ilaalee sagalee gaabbiin guuteen " ani biyyakoo balfee,laga ce'een biyya hormaa keessatti dararamaan ture.Biyyikoo immoo akanatti miidhagdee?

Misooma biyya ofii osoo itti hin hirmaatiin ittiin miidhaguun leyyoo guddaadha.Uumaafi uumamatuu nama taajjaba.Akka fedhe yoo ta'eyyuu biyya ofiifi haadha ofii ganuun hin danda'amu jedhee sammuu isaan yaada garaa isaafi sammuu isaa taajjabe".(F,49_50)

Yaada waraabbii kanaarraa kan hubannu biyyi ofii qabeenyaanis ta'e haalota garaa garaan biyyoota guddataniin gadi yommuu taatee namatti mullattu gara biyya guddatee yommuu deemanillee boooddee biyya ofii ganuun sababa hin danda'amneef garuma biyya ofii ishee gadaantuu sanaatti yommuu nama deebisu argina.kana malees rakkina biyyaas ta'e saba wajjiin dabarsanii booda haalota jiran hundumaa mo'achuun gammachuu guddaa qaba.

3.5 Amaloota Waldhabii Asoosama Ilkee Arrabaa

Waldhabbiin amala mataa isaa qaba.Waldhabbiin tokkoo bu'a qabeessa ta'uudhaaf amaloota armaan gadii guutuu qaba.Isaanis:tokkummaa,amanamummaafi dagaaginadha.

3.5.1 Tokkummaa

Tokkummaan asoosamicha keessatti kan mullate yeroo qooddattoonni seenichaaf hariiroo waliinii agarsiisanidha.Tokkumaa Dameefii Baayisaa, tokkummaa Margaafi Meeron,tokkummaa barsiisaa Waaqtoleefi barattuu Yaadashiifi kanneen biroo fudhachuu ni dandeeny.

Barsiisaa Waaqtoleefi Yaadashiin yommuu yaadashiin jecha hiriyyoota isheetiin madooftee abdii kutatte,gorsaafi sagalee ishee jajjabeessu isheetti dubbatan.Akka isheen kaayyooshee galmaan geessu gara fuula duraatti ishee jajjabeessan.Kun immoo tokkummaa isaan gidduu jiraachuu agarsiisa.(F,6)

Margaafi Meeron yommuu wal jaallatan namichi Boonsaa jedhamu, jaalallee Margaa Meeroniin jaallatee waan jiruuf Margaafi Meeron walii galanii Boonsaa akka ajjeessisaniif nama qarshiidhaan itti bitan.kunis tokkummaa isaanii agarsiisa.(F,97_98)

Baayisaafi Dameen tokkummaa isaanii raawwachuun waantota garaagaraa irratti waliif galan.Osoo karaa deemanii laga bishaan guddaa tokko ga'anii namoonni kanbiroon qarshii kaffalanii daaktuun ceessifti.Baayisaafi Dameen immoo qarshiin nuti qabannee manaa baane kun gatii bidiruu ta'ee irraa nuuf hafuu hin danda'u jedhanii walii galanii bishaanicha daakanii akka ce'an murteeffatan.kunimmoo tokkummaa isaanii mullisa.(F,33_34)

3.5.2 Amanamummaa

Qooddattoonni dhugaa jiru irratti hundaa'anii seenicha gara fuula duraatti oofan ni jiru.Meeron Margaadhaafi ani bara darbe jechuun yeroo ani kutaa 11ffaafi 12ffaa barataa ture barataan Boonsaa jedhamu kiyyoo jaalala isaatii keessa nagalchuuf jechaa ture.Anis utuun jaalala isaaf hin jilbeenfatiin isaafi dargaggoota isa fakkaatan mara wallaansoo qabee barnootakoos yeroon xummuru,ammas carraan barnootaa gara magaalaa Gimbiitti nadeebise.Boonsaanis gaaffii jaalalaa nagaafateef akka barbaadetti waan isaaf hin deebineef dargaggoota magaalaa Gimbii deemsakoo hordofanii jechoota hamileekoo tuqan naan jedhaniif natti qopheesse,jechuun amanamummaa ishee margaaf ibsite.(97_98)

Kanamalees Margaan jaalalleesaa Meeronirraa adda bahee waggoota heedduu erga turanii walitti deebi'anii booda Meeron durbummaa ishee Margaaf laatte.Waggoota dheeraa kana keessatti durbummaashee margaaf ofeeggachuunshee amanamummaa ishee mulliseera.(67,68)

Meeroniif Margaan dhuma irratti walitti deebi'anii Jireenya wajiin eegaluun isaanii amanamummaa isaan waliif qaban agarsiisa.kabajaafi ulfina isheef kenname uumaan kan isheef laate amanamummaadhaan eegdee jaalalleeshee jalqabaaf dhumaa Margaan badhaafte.Kunimmoo amanamummaa ishee mullisa.(F,85)

Boonsaan mana abbaa qabeenyaa obbo Girshaa keessaa hojjetu obbo Girshaan amala Boonsaa waan jaallataniif akka nama tafkii qabuutti harka jiifatanii waan qaban fakkaata.Kanarraan kan ka'e hojjetaa amanamaa mana isaanii gadhatan.Kunimmoo Boonsaan amanamaa ta'uusaa obbo Girshaan ibseera.(F,38)

3.5.3 Dagaagina

Asoosamicha keessatti dagaaginni ykn milkaa'inni argameera.Fakkeenyaaf Boonsaan barnoota isaa sadarkaa 1ffaafi 2ffaa xummuree akkasumas kan qophaa'inaa qabxii olaanaa galmeessisee mana barumsaa olaanaa ykn yuuniversiitiif milkaa'eera.Yaadashiinis barattuu cimtuu waan taateef duubatti deebii tokko malee barnoota sadarkaa 1ffaa,2ffaafi qophaa'ina xummuruudhaan hanga xummuraatti haala gaariin barattee booda mana hospitaala fayyaa Naqamtee keessatti qacaramteetti.Kunis adeemsa Yaadashiif kan dagaagina agarsiisudha.

Kanamalees yeroo dheeraaf walirraa fagaatanii kan turan Margaafi Meeron duraan jaalallee kan turan walitti deebi'anii jaalala isaanii eegalaniiru.Kanaafuu hiriyyoonni walirraa fagaatanii turan walitti deebi'anii sirna gaa'ela isaanii raawwataniiru.Yaanni ykn hawwiin isaanii milkaa'eera.Kunimmoo dagaagina ykn hawwii isaanii mullisa.

3.6 Hariiroo Waldhabbiif Ergaa Asoosamichaa gidduu jiru

Barreessaan asoosama tokkoo seenaa asoosama tokkoo keessatti ergaa dabarsuu barbaade yoo qabaate waldhabbiiwwan uumuudhaan ergaa dabarsuu barbaade haammachiisee hawwaasa biraan ga'a.waldhabbiin hin jiru taanaan asoosamni humna horatee gara fuula duraatti deemuu hin danda'u.waldhabbiin sunimmoo ergaa dabarsuu qaba.Waldhabbiin hin jiru taanaan immoo waanti barreeffame sun seenaadha malee asoosama miti.

Akkuma asoosamni humna horatee gara fuula duraatti deemuuf waldhabbiin barbaachisu ga'umsa waldhabbii sanaaf immoo ergaan ni barbaachisa jechuudha.Asoosama kana keessattis waldhabbiiwwan armaan olii ilaalle osoo hin jiran ta'ee,ergaan irraa hubatamu hin jiru ykn

asoosamichi ergaa dabarsu hin qabu.Kanaafuu waldhabbiin ergaa asoosamaa lubbuu kan godhacbiisudha.

Kutaa darbe keessatti akkuma ilaalle namoota waldhabaniifi nama ofii isaa wajjiin waldhabe argina.Waldhabuus tahe of dhabuun ka'umsa ykn taatee yoota'u, ergaan achirraa argamu immoo ga'umsa ykn bu'aa ta'a.Kunis kallattii hariiroo waldhabbiifi ergaan waliin qaban nutti agarsiisa.Akka fakkeenyaatti ergaa guddaa asoosama kanaa fudhannee yoo ilaalle bu'aa waldhabbii fakkaattotni waldhabbii asoosamicha keessatti qooddachiifaman raawwataniiti.Kanaafuu hariiroo waldhabbiifi ergaan asoosamichaa wajjiin qaban akka armaan gadiitti hubachuu ni dandeenya.

Waldhabbiin hin jiru taanaan ergaan asoosama sanaan darbu hin jiru.

Ergaan barbaadame akka darbuuf waldhabbiin jiraachuun dirqama ta'a.

Ergaan asoosama tokkoo kan hubatamu, jalqabaa hanga dhumaatti qooddattoonni waldhabuun raawwatan irratti yoo xiyyeeffatame qofaadha.

Waldhabbiin irra deddeebiin raawwatame ergaa giddu gala asoosamichaa baatee kan jirudha.

Waldhabbii uumamerraa ergaan argame kan hawwaasicha ijaaruufi guddina fuula duraaf tu msa godha yoo ta'e jajjabeeffamuun akka itti fufu gochuu,kan aadaa sabaafi siyaasa hawwaasichaa keessatti balaaleffamu yoota'emmoo dogoggorichi irra deebi'amee akka hin uumamneef karaa gidduu galeessa ta'een irratti hojjetamuudhaan hordoffiin barbaachisu akka fudhatamuuf karaa saaqa.Walumaagalatti hariiroo ergaafi waldhabbiin guddaadha.

Boqonnaa Afur: Guduunfaa, Argannoofi Yaada Furmaataa

4.1 Guduunfaa

Kaayyoon qorannoo kanaa ogbarruu oromoo keessaa asoosama dheeraa "Ilkee Arrabaa" jedhu irratti hundaa'uun waldhabbii asoosamicha keessa jiru qaaccessuudha.Asoosamni kun caacculee garaa garaa ofkeessaa qaba.Isaan keessaa muraasni yoomessa,namfakkii,ergaafi waldhabbiidha. Caacculee kanneen keessaa qorannoon kana keessatti wadiddaan asoosama dheeraa Ilkee Arrabaa jedhu xiinxalamee jira.waldiddaan walitti bu'insa humnoota lama gidduutti taassifamudha. Kanamalees dhalli namaa jiraachuuf jecha gadda,gammachuu,dhiphinaafi rakkina addaa addaa isa qunnamu mo'achuudhaaf qooddataan sammuu isaa wajjiin waldhaban kan uumamu ta'uun ta'uun isaa ibsameera.

Isaan kanneen xiinxaluuf mala qorannoo al_lakkoofsawwaatti fayyadamuun karaa madda odeeffannoo sadarkaa lammaffaafi kitaaba qorannootti dhimma ba'amee jira.Odeeffannoo kanneen funaanuufis meeshaalee funaansa ragaalee kanneen akka sakatta'a dookumentii,barruuleefi meeshaaleefi qorannoo kanaan walqabatan,akkasumas qorattuun kitaaba qorannoo irratti adeemsisaa jirtu irra deddeebiin dubbisuun ragaan kan qaacceffamedha

4.2. Argannoo

Akkuma beekamu addunyaan kun rakkoo garaa garaan kan weeraramtedha.Rakkoowwan mudatan kanaaf immoo furmaata barbaaduun dirqamadha.Furmaanni kan barbaadamu karaa qorannoo addaa addaatiin.Bu'aan qorannoo tokko irraa argamu argannoo jedhama.Argannoon xiinxallii qorannoo waldiddaa asoosama dheeraa Ilkee Arrabaatiin argaman kanneen armaan gadiiti.

Sababoonni waldhabbii asoosamichaa fedhii dhuunfaa qooddataan qooddataa waliin, qooddataan mataa isaa waliiniifi qooddataan uumama waliin qabudha.

Gosootni waldhabbii asoosamichaas waldhabbiiwwan kanneen akka waldhabbii qooddattoota gidduu, qooddataaf mataa isaafi qooddataafi uumama jedhamuun ibsamanii jiru.

Karaa fudhatamummaa waldhabbiitiin walqabatee adeemsa qorannoo adeemsifameen kan bira ga'amedha.

4.3. Yaada Furmaataa

Duraan dursee asoosamni tokko caacculee garaa garaa irraa ijaarama. Isaanis:- waldhabbii,yoomessa,ergaa,fakkaattotaafi sabseenaadha.Waldhabbiin tokko asoosamni sun akka dubbistoota hinniffisiifnetti haala gaariin miira isaanii to'atee hanga dhumaatti adoosamichi akka dubbifamuuf ga'ee olaanaa qaba.kanaafuu,asoosamni tokko yommuu barreeffamu barreessaan waldhabbiidhaaf xiyyeeffannoo kennuu qaba.Fknf,asoosama Ilkee arrabaa jedhu kana keessatti waldhabbii jiran keessaa waldhabbiin namaaf uumaa hin mullatu,akkasumas Waldhabbiin namaaf hawwaasaa yoo jiraateyyuu ifatti kan mul'atu miti.kana jechuun namoonni waa'ee ogbarruu hubannoo isaa hin qabne yeroo dubbisan kana hubachuu hin danda'an.Kanaaf maxxansa,itti aanurratti barreessaan kana osoo fooyyessee gaariidha.

Dabalataan asoosama keessatti Waldhabbiin haala kamiin akka ijaaramurratti hubannaa cimsachuu qaba.Kana jechuun Waldhabbiin seenaa asoosamichaa addunyaa dhugaa keessatti waantota raawwataman waliin walbira qabee ijaaruu qaba.

Walumaa galatti asoosamni barreeffamu sun uummata keessatti barreeffamu sana guddu galeessa godhachuun haala safuufi duudhaa hawwaasichaa ibsuun yoo barreeffame caalaatti bu'a qabeessa ta'uu waan danda'uuf, xiyyeeffannoon itti kennamuu qaban jedha.

Wabiilee /Reference

Ayyaanaa Waaktolaa.(2011)."*waldhabbii asoosama Kuusaa Gadoofi Dhaamsa Abbaa"*Barruu eebba BachilarArt"(BA)guuttachuuf dhiyaate.Yuunversiitii finfinnee,kan hin maxxanfamne waxabajji,

Asaffaa Tarrafaa.(2009). *Eela:SEENAA OGUMMAA OROMOO:*FINFINNEE:Manager maxxansaa Far East trading PLC.

BirhanuMathiws.(2009.*Fundamental of literature.2nd Edition*.Addis Ababaa.Air printer PLC.

Edward Quinn-*Dictionary of litereryand thematic Farm*,New York,Printed on acid tree Pager,1999.

Fedhasa Taddasa.(2013*).SUBI:Bu'uuraalee ogbarruu oromoo*.Finfinnee oromiyaa.

Haagaree Sobbooqaa.(2013)."*Xiinxala waldhabbii Asoosama Abbaa hinqabu*"waraqaa qorannoo digirii Bachilar artii gamisaan guuttachuuf qophaa'e Yuunversiitii Finfinnee,(kan hin maxxanfamne)

MalaakneshMangistu.(2006).Fundamentals of Literature. Fourth Edition.Addis Ababa University press.

Misgaanuu Gulummaa Irranaa.(2012)*.Yandoo:ogummaa fi og walaloo Oromoo* Finfinnee.

Yeeyyis Birruu Nagaroo.(2013)*.lkee Arrabaa*.bitootessa .

Zarihuun Asfaw.(1992)*.yesina tsuf masarawii ween* Addis Ababa University.

Waraqaa Mirkaneeffannoo

Ani qorattuun maqaafi mallattoon koo armaan gaditti heerame waraqaan qorannoo kun hojiikoo ta'uu ibsa.Kanaan duratti yuuniversiitii kam keessattiyyuu qorannoo eebbaatiif kan hin dhiyaanne ta'uu isaa, akkasumas gorsaa qorannoo kanaa kan ta'an hojiin qorannoo kun kan qorattuu kanaa qofa akka ta'e mirkaneessuuf mallattoo isaanii armaan gaditti mallatteessuun mirkaneessaniiru.

Maqaa Qorattuu_____

Mallattoo_____

Guyyaa_____

Maqaa Gorsaa_____

Mallattoo_____

Bakka yuuniversiitii Addis Ababaa

Guyyaa_____